# Mirga eegumsa fayyaa koo

Kun **Chaartara Mirgoota Eegumsa Fayyaa Australia (Australian Charter of Healthcare Rights)** maxxansa lammaffaa ti.

Mirgoonni kun namoota hunda kan ilaallatu bakka kunuunsi fayyaa Australia keessatti kennamu hunda.

Chaartarichi yeroo kunuunsa fayyaa argattu ati, ykn namni ati kunuunsitu maal eeguu akka dandeessu ibsa.



## Mirga ani ka qabu:

### Argachuuf

- Tajaajila eegumsa fayyaa fi wal'aansa fedhii koo guutu

### Nageenyaaf

- Kunuunsa fayyaa nageenya qabuu fi qulqullina olaanaa qabu kan sadarkaa biyyaalessaa guutuu ta'e argachuu
- Naannoo nageenyi natti dhaga'amu keessatti kunuunfamuu

### Kabajamuf

- Akka nama dhuunfaatti, akkasumas ulfina fi kabajaan ilaalamuu
- Aadaa, eenyummaan, amantaa fi filannoo koo beekamtii akka argatu fi kabajamaa akka ta'uu

### Shariikummaaf

- Gaaffii gaafachuu fi waliin dubbannaa ifaa fi amanamaa ta'e keessatti hirmaachuu
- Murtoo ogeessa fayyaa koo waliin murteessuu, hamman filadhee fi danda'etti
- Namoota ani barbaadu karooraa fi murtee kennuu keessatti hammachuu

### Odeeffannoof

- Odeeffannoo ifa ta'e waa'ee haala koo, faayidaa fi balaa ta'uu danda'u qorannoo fi wal'aansa adda addaa, hayyama koo kan odeeffannoo irratt irkatee kennuu akka ani danda'u
- Waa'ee tajaajilaa, darabee hangam akka eegsisuu fi baasii maallaqaa odeeffannoo argachu
- Yeroo ana barbaachisutti, odeeffannoo fayyaa akkan hubachuu fi itti fayyadamuuf na gargaaruuf gargaarsi naaf taasisamuu
- Odeeffannoo fayyaa koo argachuuf gaafachuuf
- Yeroo kunuunsa fayyaa kootti wanti tokko yoo dogoggora ta'e, akkamitti akka ta'e, akkamitti na miidhuu akka danda'uu fi kunuunsa nageenyaaf maaltu akka hojjetamaa jiru anatti himamuu

### Iccitiif

- Iccitii dhuunfaa koo kabajamuu
- Odeeffannoon waa'ee koo fi fayyaa koo hayyisa fi iccitii ta'ee akka eegamu

### Yaada kennuuf

- Akkaataa naaf yaalamuu irratti dhiibbaa utuu hin geessisin Yaada kennuu ykn komii dhiyeessu
- Yaaddoo koo karaa iftoominaa fi yeroon akka ilaalamu
- Akaakuu kunuunsaa fi tajaajila fayyaa wayyeessuuf muuxannoo koo qooduu fi keessatti hirmaachuu

ADOOLESSA 2019 MAXXANFAME

AUSTRALIAN COMMISSION ON SAFETY AND QUALITY IN HEALTH CARE

**Odeeffannoo dabalataaf miseensa hojjetaa gaafadhaa ykn daawwadhaa**
**safetyandquality.gov.au/your-rights**